
الدروس المهمة لعامة الأمة - أورومي

# Warri namni irraa du'e namootaaf nyaata godhuun (qopheessuun) hin heyyamamu


Qopheessaan:

Kabajamoo Sheekh
Abdulaziiz bin Abdallaah bin Baaz


Islamhouse.com

المحتوى الإسلامي

# Barnoota Yaachisaa Ummata Hundaaf

Qopheessaan Kabajamoo Sheekh

**Abdulaziiz bin Abdallaah bin Baaz**


**Rabbi rahmata isaaf haa godhu.**

شركاء التنفيذ:

دار الإسلام جمعية الربوة رواد الترجمة المحتوى الإسلامي

يتاح طباعة هذا الإصدار ونشره بأي وسيلة مع الالتزام بالإشارة إلى المصدر وعدم التغيير في النص.

Telephone: +966114454900
ceo@rabwah.sa
P.O.BOX: 29465
RIYADH: 11557
www.islamhouse.com


بسم الله الرحمن الرحيم

# Duree

Maqaa Rabbii rahmata godhaa mararfataa taheetiin.

Galanni Rabbii gooftaa aalamaatiif haa galu, booddeen bareenni warra sodaa Rabbii qabaniif haa ta'u, nagayaaf rahmanni Rabbii gabrichaa fi ergamaa nabiyyii keenya muhammad irratti haa bu'u, firaafii saahiboota isaanii hundaawu.

Eeganaa:

Kuni ibsa garii haasawa gabaabaa namoonni hundi Amantii Islaamaa keessatti beekuun irratti dirqama tayu ilaalchiseeti, akkana jechuunis moggaase: Barnoota Yaachisaa Ummata Hundaaf

Akka Muslimtoota ittiin fayyadu Allaahin kadha, akksuma akka narraa qeebalus, Inni kennaa arjoomaa dha.

Abdulaziiz bin Abdallaah bin Baaz

# Barnoota Yaachisaa Ummata Hundaaf

## Barnoota Tokkoffaa : Suuraa Faatihaa fi Suurawwan Gaggabaaboo

Suuraa Faatihaa fi waan mijate Suurawwan Gaggabaaboo irraa, Suuraa Zalzalaa irraa hanga Suuratu-Nnaasii, dubbisuu, akkasuma qiraatii sirreessuu, qomatti qabachuu, akkasuma waan hubachuun dirqama tahu hiikuu.

## Barnoota Lammaffaa : Utubaalee Islaamaa.

Ibsa Utubaalee Islaamaa Shananii: kan jalqabaa fi irra guddaan: Allaahin malee gabbaramaan haqaa hin jiru jechuu ragaa bahuu, akkasuma Muhammad ergamaa Rabbii tahuu isaa hiikkawwan isaanii ibsuu wajjiin, Ulaagaalee Laailaaha illallaah ibsuu wajjiin, Hiikkan isii: Laailaaha jechuun waan Allaahin malee gabbaramu hunda dhabamsiisuu, illallaah gabbarummaa Allaahiif isatti yagutoomsun maletti raggaasisuu, Ulaagaaleen Laailaahaillallaah ammoo beekumsa fallaa wallaalaa, mirkaneessuu faallaa shakkii, qulqulleessuu faallaa yagutoomsuu, dhugaan jechuu kijibsiisuun maletti, jaalachuu faallaa jibbuu, ajajamuu faallaa yagutoomsuu,

fudhachuu faallaa diduu, waan Rabbiin malee gabbaramutti kafaruu. kanas walaloo asiin gadii kanatti walitti qabee jira:

Beekumsaa fi Qulqullummaa, dhoguumsuu wajjiinii Jaalachuu fi ajajamuu akkasuma isii fudhachuunii itti dabaluu saddeettaffaa kafartii sirraa taateniinii gabbaramtoota Rabbiin malee gabbaramturrattiinii

Ibsa Muhammad Ergamaa Allaah tahuu kennuu wajjiin, waan Inni (Muhammad S.A.W) hime dhugoomsuun, waan inni itti ajaje tole jechuun, waan inni irraa dhoorgee fi irraa xixerraa fagaatuun, karaa Allaahii fi Inni godhan maleen Rabbi gabbaruu dhabuun mirkanaaya. Ergasii Barattootaaf Utubaalee Islaamaa Shanan hafan ni ibsamu; Isaanis: Salaata, Zakaa, Ramadaana Soomuu, Nama dandeettii qaburratti mana Rabbii Hajjii godhuu.

## Barnoota Sadaffaa : Utubaalee Iimaanaa

Isaanis jaha: Allaahitti Amanuu fi Malaa'ikatti Amanuu, Kitaabota Isaatti, Ergamtootatti, Guyyaa Aakhiraatti amanuu fi Qadaratti amanuu kheeyrii yookin sharrii tahus Rabbii ol-tahe irraayi jedhanii amanuu.

## Barnoota Afraffaa : Qoqqoodamaa Tawhiidaa fi Qoqqoodama Shirkii

Ibsa qoqqoodama Tawhiidaa; Isaanis sadihi Tawhiida gabbarummaa, Tawhiida gooftummaa fi Tawhiida Maqaawwanii fi Sifaataa.

Tawhiidni Rabbummaa: Allaahin qulqullaahe uumaa waa hundaatii fi waan hunda kan olii-gadi garagaggalchu isaa jedhanii amanuu, kana keessatti waahela hin qabu.

Tawhiidni gooftummaa ammoo: Allaahiin qulqullaahe isa malee gabbaramaan haqaa hin jiru jechuu fi kana keessatti waahelaa hin qabu jedhanii amanuu, kuni hiikkaa Laailaaha illallaahiiti, Hiikaan isii: Haqaan gabbaramaan Allaahin malee hin jiru, Ibaadaan cufti kan akka Salaataa fi Soomanaa fi kan biroos Rabbiif qulqulleessuun dirqama. waan tokkollee kan birootiif godhuun hin heeyyamamu.

Tawhiidni Maqaa fi Sifaataa ammoo: kuni waan Qur'aana keessatti yookin Hadiisa Sahiiha waayee Maqaa Rabbiitii fi Sifaataa keessatti buufame hundatti amanuu dha, akkasumas haala rabbiin maluun osoo hin jallisin, osoo hin dhabamsiisin, osoo hin fakkeessinii fi fakkeenya itti hin godhin raggaasisuufii dha. Jecha Rabbii qulqullahetti dalaguuf: Jedhi:

﴿حمٓ ۝١ عٓسٓقٓ ۝٢ كَذَٰلِكَ يُوحِيٓ إِلَيۡكَ وَإِلَى ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِكَ ٱللَّهُ ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡحَكِيمُ ۝٣ لَهُۥ مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِي ٱلۡأَرۡضِۖ وَهُوَ ٱلۡعَلِيُّ ٱلۡعَظِيمُ ۝٤﴾ [الشورى: 1-4]

"Inni Allaah (gabbaramaa dhugaa) tokkicha. Allaahin hirkoo waa hundaati. Hin dhalle hin dhalannes. Hiriyaan tokkoos isaaf hin taane." (Suuraa As-Samad guutuu), Ammas jecha Rabbii ol-taheeti: Fakkaataan akka isaa tokkolleen hinjiru, inni dhagayaa argaadha. (Shuuraa: 11)

Warri beekumsa qaban gariin isaanii lama godhanii jiru, Tawhiida Maqaatii fi Sifaataa Tawhiida Rabbummaa jala seensisanii jiru, kana keessatti ammoo wal-dhabbiin hedduu hin mul'atu, qoqqoodama lachuu keessatti wanti itti fedhame ifa waan taheef jecha.

Shirkiin bakka sadihitti qoodama: Shirkii guddaa, Shirkii xixiqqaa, fi Shirkii dhokataa dha.

﴿ذَٰلِكَ هُدَى ٱللَّهِ يَهۡدِي بِهِۦ مَن يَشَآءُ مِنۡ عِبَادِهِۦۚ وَلَوۡ أَشۡرَكُواْ لَحَبِطَ عَنۡهُم مَّا كَانُواْ يَعۡمَلُونَ ۝٨٨﴾ [الأنعام: 88]

Shirkiin guddaan nama isarratti du'een dalagaa hundaa nama jalaa balleessa ibidda keessas abad nama qubsiisa. Osoo yagutoomsanii Rabbiin waan isaan dalagan jalaa ballessa' (Al-An'aam: 88) Rabbiin ol tahe akkana jedhe:

﴿مَا كَانَ لِلۡمُشۡرِكِينَ أَن يَعۡمُرُواْ مَسَٰجِدَ ٱللَّهِ شَٰهِدِينَ عَلَىٰٓ أَنفُسِهِم بِٱلۡكُفۡرِۚ أُوْلَٰٓئِكَ حَبِطَتۡ أَعۡمَٰلُهُمۡ وَفِي ٱلنَّارِ هُمۡ خَٰلِدُونَ ١٧﴾ [التوبة: 17]

Odoo lubbuu isaanii irratti kufrii ragaa ba'anii masjiidota Rabbii jiraachisuun mushrikootaan hin malu, Isaan dalagaan isaanii badde Isaan ibidda keessa yeroo hunda jiraatu (At-Tawbaa: 17), Namni isarratti du'e isaaf hin dhiifamu, Jannatni isarratti haraama, Akkuma Rabbiin ol-tahe jedhe:

﴿إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَغۡفِرُ أَن يُشۡرَكَ بِهِۦ وَيَغۡفِرُ مَا دُونَ ذَٰلِكَ لِمَن يَشَآءُۚ وَمَن يُشۡرِكۡ بِٱللَّهِ فَقَدِ ٱفۡتَرَىٰٓ إِثۡمًا عَظِيمًا ٤٨﴾ [النساء: 48]

Allaah nama Isatti yagutoomsuu hin dhiisu (itti hin araaramu), waan san (yagutoomsuu) malee jiru abbaa fedheef ni dhiisaf' (An-Nisaa' 48), Rabbiin ol tahe akkana jedhe:

﴿لَقَدۡ كَفَرَ ٱلَّذِينَ قَالُوٓاْ إِنَّ ٱللَّهَ هُوَ ٱلۡمَسِيحُ ٱبۡنُ مَرۡيَمَۖ وَقَالَ ٱلۡمَسِيحُ يَٰبَنِيٓ إِسۡرَٰٓءِيلَ ٱعۡبُدُواْ ٱللَّهَ رَبِّي وَرَبَّكُمۡۖ إِنَّهُۥ مَن يُشۡرِكۡ بِٱللَّهِ فَقَدۡ حَرَّمَ ٱللَّهُ عَلَيۡهِ ٱلۡجَنَّةَ وَمَأۡوَىٰهُ ٱلنَّارُۖ وَمَا لِلظَّٰلِمِينَ مِنۡ أَنصَارٖ ٧٢﴾ [المائدة: 72]

...dubbiin namni Rabbitti waa qindeesse, Rabbiin isa irratti jannata haraama taasiseeraTeessoon isaas

ibiddaMiidhaa raawwattootaafis tumsitoonni hin jiranu." (Al-Maa'idaa: 72),

Akaakuulee isaatirraa: warra du'e yaamatuu, waan Rabbiin malee gabbaramuun gargaarsa barbaaduu, jaraaf silatii godhuu, akkasuma jaraaf qaluu fi kan kana fakkaatan.

Shirkiin xiqqaan ammoo: Innis waan Qur'aana fi Hadiisota keessatti shirkii jedhamee moggaafamuun dubbatame, haa tahuu garuu bifa shirkii guddaa keessatti hin ramadamu, dalagaa garii keessatti akka na argii faa, Allaahiin malee waan birootiin kakatuu, waan Allaah fedhe ebalus fedhe jechuu fi kan kana fakkaatan; Waan nabiyyichi nagayaa fi rahmanni Rabbii irra haa jiraatuu akkana jedhaniif: Irra sodaachisaan wanti ani isinirratti sodaadhu irraa Shirkii xixiqqaa Irraa gaafatamees, akkana jedhe: Na argii Imaam Ahmad, Xabaraanii fi beeyhaqiin hadiisa Mahmuud bin labiid Al-Ansaarii Rabbi irraa haa jaalatuu isnaada gaariitiin irraa odeessanii jiru, Ammas Xabaraaniin isnaada gaariin Mahmuud bin labiid akkasuma Raafi' bin kadiij irraa Nabiyyichi nagayaa fi rahmanni Rabbii isaanirra haa jiraatuu nuu odeeffamee jira- Ammas jecha Ergamaa Rabbii nagayaaf rahmanni isarratti haa bu'uu. Namni maqaa Allaahiin malee waan birootiin kakate dhugaa yagutoomse (Rabbitti waaheloomse) Imaam Ahmad

isnaada Sahiiha keessatti odeesse Umar ibnul khaxxaab irraa Rabbi irraa haa jaalatuu- Abuu daawuud fi Tirmiizinis gabaasanii jiru, hadiisa ibnu Umar Rabbi irraa haa jaalatuu Ergamaa Rabbii nagayaaf rahmanni isarratti haa bu'uu - akkana jedhan: Namni Allaahiin malee waan birootiin kakate dhugumatti kafaree jira Ammas jecha Ergamaa Rabbii nagayaaf rahmanni isarratti haa bu'uu. Waan Allaah fedhe ebalus fedhe hin jedhinaa; garuu akkana jedhaa: Waan Allaah fedhe ergasii ebalu fedhe. Abuu daawuud isnaada sahiihaan gabbasee jira, Huzeeyfaa ibnul yamaan Rabbi irraa haa jaalatuu

Akaakuun akkanaa kuni Islaamummarraa baye hin jedhamu, ibidda keessatti zalaalamii hin qubsiisu, garuu guutummaa Tawhiidaa dirqama tahe balleessa.

Akaakuun Sadaffaa ammoo: innis shirkii dhokataa dha, ragaan jecha nabiyyichaati nagayaa fi rahmnanni Rabbii isaanirra haa jiraatuu- Masiih Addajjaalirra waan irra isiniif sodaadhu isiniif himuu? Ni jedhan, Eeyyen nuuf himi Yaa Ergamaa Rabbii, Akkana jedhe: Shirkii dhokataa jechuun, Namtichi tokko salaata isaa keessatti yeroo dhaabatu yoo namni isa laalu bareechee haala gaarin salaata Imaam Ahmad musnada keessatti odeesse Hadiisa Abii Sa'iidal khudrii Rabbi irraa haa jaalatuu. Shirkii iddoo lamatti

qofatti qooduun ni danda'ama Guddaa fi Xixiqqaa, Shirkiin dhokataan ammoo jara walitti qabata Guddicha keessa bu'a. akka shirkii munaafiqootaa; ilaalcha aqiidaa badaa isaanii waan dhoyfataniif, ammas ofiif sodaatuudhaan Muslimtoota tahuu gubbaan of mul'isan. Shirkii xixiqqaa keessatti taya, akkuma hadiisa Mahmuud bin Labiid keessatti laalle, ammas hadiisa Abii sa'iid keessatti dubbatametti. Allaah...

## Barnoota Shanaffaa: Al-Ihsaan

Utubaan Ihsaanaa, innis: Ati Allaahiin akka waan argituutitti gabbaruu dha, yoo ati Isa hin argin Inni si arga.

## Barnoota Jahaffaa : Ulaagaalee Salaataa

Isiin sagali: Islaamummaa, Aqlii, waa addaan baafachuu, xuraawaa ofirraa baasuu, najisarraa qulqullaawuu, qaama dhoksuu, yeroon seenuu, Qiblatti garagaluu, niyyatuu.

## Barnoota Torbaffaa: Utubaalee salaataa.

Isiin kudha Afuri: Dandeettii waliim dhaabachuu, Takbiiraa Ihraamaa, Faatihaa qara'uu, Rukuu'a, Rukuu'arraa ol jechuu, humna (qaamolee torbaan) sujuuda godhuu, isarraa ol jechuu, sujuuda lameen jidduu taa'uu, dalagaalee hunda tasgabbiin gaggeessuu, utubaalee hunda tartiibaan raawwachuu, tashahhuda dhumaa taa'uu, isaaf

taa'uu, Nabiyyicharratti S.A.W salawaata buusuu fi Salaama lameen baafachuu.

## Barnoota Saddeettaffaa: Dirqamoota Salaataa

Isiin Torba: Takbiira ihraamaa malee hundumaayyuu, Imaamaa fi nama adda salaatuuf sami'allaahu liman hamidah jechuu, hundumtuu Rabbanaa walakal hamd jechuu, Subhaana Rabbiyal-Aziim rukuu'a keessatti jechuu, Subhaana Rabbiyal A'alaa sujuuda keessatti jechuu, teessuma sujuuda lameenii jidduu Rabbigfirlii jechuu, Tashahhuda awwalaa, isaaf taa'uu.

## Barnoota Saglaffa: Ibsa Tashahhudaa

Innis akkana jechuu dha:

التحيات لله ، والصلوات ، والطيبات ، السلام عليك أيها النبي ورحمة الله وبركاته ، السلام علينا وعلى عباد الله الصالحين ، أشهد ألا إله إلا الله ، وأشهد أن محمدا عبده ورسوله .

Attahiyyaatu lillaahi, wassalawaatu, waxxayyibaatu, assalaamu aleeyka ayyuhan-nabiyyu warahmatullaahi wabarakaatuh, assalaamu aleeynaa wa'alaa ibaadillaahis-saalihiina, ashhadu an laailaaha illallaahu wa ashhadu anna Muhammadan abduhuu warasuuluh. Ergasii itti aansee Nabiyyicharratti S.A.W salawaata buusuu, isarratti barakeessuudhaanis, akkana haa jedhu:

اللهم صل على محمد ، وعلى آل محمد ، كما صليت على إبراهيم وعلى آل إبراهيم ، إنك حميد مجيد ، وبارك على محمد ، وعلى آل محمد ، كما باركت على إبراهيم ، وعلى آل إبراهيم إنك حميد مجيد .

Allaahumma salli alaa Muhammadin, wa'alaa aali muhammadin, kamaa salleeyta alaa Ibraahiima wa alaa aali Ibraahiima Innaka Hamiidun Majiid, wabaarik alaa Muhammadin, wa alaa aali Muhammadin, kamaa baarakta alaa Ibraahiima innaka hamiidun majiid. Itti aansuunis tashahhuda xumuraa keessatti qixaaxa (azaaba) jahannam irraa Rabbitti maganfata, akkasuma azaaba qabrii, fitnaa jiruu fi du'aa irraahis ammas fitnaa masiihud-dajjaala irraahis Allaahitti maganfata, Ergasii du'aa'ii fedhe keessattuu du'aa'ii hadiisa keessatti dubbataman filatee godha, saniniinirraa:

اللهم أَعِني على ذكرك وشكرك وحسن عبادتك ، اللهم إني ظلمت نفسي ظلما كثيرا ، ولا يغفر الذنوب إلا أنت ، فاغفر لي مغفرة من عندك ، وارحمني إنك أنت الغفور الرحيم.

Allaahumma a'innii alaa zikrika wa shukrika wa husni ibaadatika, Allaahumma innii zalamtu nafsii zulman kasiiran, walaa yagfiruz-zunuuba illaa Anta, fagfirlii magfiratan min indika, warhamnii innaka antal-gafuuru rrahiim.

Tashahhuda duraa keessatti garuu shahaadateeynii erga jedhee booda raka'aa sadaffaatiif dhaabbata salaatawwan akka Zuhrii, Asrii, Magribaa fi Ishaa'iitif fa'arratti, Yoo Salawaatas Nabiyyicharratti S.A.W buuse irra filatamaa dha; Hadiisonni baay'een waan sanirratti dubbataniif, ergasii raka'aa sadaffaatiif dhaabata.

## Barnoota Kurnaffaa: Sunnaawwan Salaataa

Irraa:

Du'aa'ii baniinsa salaataa jechuu.

Ganaa harka mirgaa isaa harka bitaa isaa irra kaayuun yeroo dhabatu qoma isaa irraa kaayata, rukuu'a duras boodas

Takbiiraa duraa irratti, ammas yeroo rukuu'a bu'iinsaa, fi yeroo rukuu'arraa ol- jedhamu, akkasuma teessuma jalqabaa irraa gara raka'aa sadaffaatif yeroo ol-ka'amu harka lamaan ofii qubbiin wal-qixxeessun ceekuu yookin gateettii biratti diriirsuun yookin gurra lamaanitti qixxeessuun ol- qabuu.

Wanti tasbiiharraa rukuu'a fi sujuuda keessatti tokkoo ol dabalame

Rukuu'a irraa erga ol jedhanii wanti Rabbana walakal hamdu irratti dabalamu, akkasuma sujuuda lameen jiddutti araarama kadhachuu irratti tokko irratti wanti dabalames

Rukuu'a keessatti Mataa ofii qixxee dugdaatiin godhuu

Yeroo sujuuda godhan irree harkaa lameen cinaacha lamaan irraa akkasuma garaa ofii tafaa fi mogolee miilaa lamaan irraa fageessuu

yeroo sujuudaa ciqilee lameenuu lafarraa ol siisuu (kaasuu)

Nnamni salaatu tokko teessuma duraatii fi teessuma sujuuda lameen jidduutti miila bitaa uf jala afee irra taa'uun, miila mirgaa ammoo gadi dhaabuu.

Salaata raka'aa sadihii fi afurii teessuma xumuraa irratti taa'umsa tawarrukaa taa'uu sunis: miila bitaa ofii mirga jala godhuun miila mirgaa gadi dhaabanii teessoo ofiitirra taa'uu dha.

Tashahhuda duraatii fi boodaa keessatti hanga teessuma xumuraatti qubaan akeekuu akkasuma yeroo du'aa'ii ammoo sochoosuu

Teessuma jalqabaa keessatti Salaata fi barakaa Nabi Muhammadii fi warra isaanii akkasuma Nabi Ibraahiimii fi warra Isaanii irratti buusuu

Tashahhuda xumuraa keessattii du'aa'ii godhuu

Salaata akka Fajrii, Salaata Jum'aa, Salaata Iidaa lameen, Salaata yeroo roobni dide haa roobuf salaatamu, akkasuma Salaata Magribaa fi Ishaa'ii raka'aalee duraa lameen keessatti sagalee ol fuudhee qara'uu

Salaata akka Zuhrii, Asrii, fi raka'aa sadaffaa salaata magribaa irraa, akkasuma Salaata Ishaa'ii raka'aalee lameen booda keessatti sagalee dhageessisuun maletti dhoksaan qara'aa salaata.

Qiraatii Qur'aanaa irraa Faatihatti waan dabalame, waan olitti ibsinee bira tarre malee sunnaawwan salaataa hafan hadiisa keessatti dubbataman yaada keessa galchuu, sanniinirraa: jecha nama salaatu tokkorratti waan dabalamu: erga rukuu'arraa ol jedhee booda Rabbanaa walakal hamdu jechurratti kunis Imaamaaf, nama itti hidhatee salaatuu fi addatti salaatuuf, kuni sunnaa dha, ammas: yeroo rukuu'a godhu qubbiin harkaa gar gar baasuun jilba qabatuu.

## Barnoota Kudha Tokkoffaa: Wantoota Salaata Balleessan

Isiin Torba:

beekaa fi osoma yaadatu haasayuu, namni dagatee yookin wallaale kanaan Salaatni isaa hin baddu

Kolfuu.

Nyaachuu.

Dhuguu.

Qaamni (awraan) mul'achuu.

Kallattii Qiblaa irraa baay'isanii garagaluu.

Salaata keessatti tapha walitti fufe baay'isuu

Xahaaraa balleessuu.

## Barnoota Kudha Lammaffaa: Ulaagaalee Wuduu'aa

Isaanis Kudhani: Islaama, Aqlii qabaachuu, waa addaan baafachuu, niyyaa, hanga xahaaran isaa guutamtuufii addaan kutuu dhabuu fi itti fufuu yaaduu, wanti wuduu'a dirqamsiisu cituu, dura Istinjaan yoo waan gogaan qoorfachuu, waan gara qaamaa gahuu dhoorgu dhabamsiisuu, waqtiin salaataa seenuu.

## Barnoota Kudha Sadaffaa: Dirqamoota Wuduu'aa

Isaanis Jaha: Fuula dhiqachuu sanirraa afaan ofii lulluuqachuu fi bishaan funyaan keessa seensisanii baasuu, harka ofii ciqilee wajjiin dhiqachuu, rifeensa mataa ofii

haxaayuu gurra lameen wajjiinuu, miila lameen hanga kiyyootti dhiqachuu, tartiiba godhuu, walitti fufiinsan dalaguu. Fuula yeroo dhiqatan deddeebisanii dhiqachuun jaalatamaa dha, akkasuma harka lameen ofii, ammas miila lameen yeroo sadi, akkuma kana bishaan afaanii fi funyaan keessa seensisanii baasuu. kanarraa wanti dirqamaa yeroma takka, rifeensa haxaayuu ammoo deddeebisuun hin jaalatamu akkuma hadiisonni sahiihni akeektutti.

## Barnoota Kudha Afraffaa: Wantoota Wuduu'a balleessan

Isaanis Jaha: Karaa lameeniin wanta bayu, xuraayaa fi fokkataa qaamarraa bahu, aqliin hirribaan yookiin waan birootiin deemuu, girdoo maletti qaama saalaa ofii fuunduree tayinna duuba ofii harkaan tuquu, foon gaalaa nyaachuu, Islaamummarraa deebi'uu, Rabbiin nuufii Muslimtoota hundaa haa tiksu.

Hubachiisa cimaa: Ammoo nama du'e reeffa dhiquun wuduu'a hin balleessudha sirriin, kuni ammoo jecha Ulamaa'ota hedduuti; kana keessatti wanti ragaan hin jirreef jecha, garuu namni dhiqu harka isaatiin qaama saalaa nama du'ee girdoon maletti yoo tuqe wuduu'ni irratti dirqama taya.

Dirqamni qaamni saalaa nama du'ee girdoon maletti tuqamuu dhabuu dha, akkuma kana wanti jecha sirraawaa ulamaa'otaa taye dubartii tuquun gonkumaa wauduu'a hin balleessuu dha. fedhiin (shahwaan) tayuu tayuu baatus waan waa irraa hin bayiniin, Nabiyyichi S.A.W warra ofii dhungatee osoo deebisee wuduu'a hin godhin waan salaate jecha.

Garuu jechi Rabbii guddaa aayatoota suuraa An-nisaa'ii fi Al-Maa'idaa keessaa: yookiin dubartootaan wal tuqxanii (An-Nisaa' :43), (Al-Maa'idaa:6), wanti itti fedhame: wal-qunnamtii salaati, kuni irra sirraawaa jecha ulamaa'otaati, kunis jecha ibn Abbaas Rabbi irraa haa jalatuu fi akkasuma garee warra dur dabran salafootaa fi warra boodati. Allaah abbaa taytaa dhugaafi sirrii kan nama mudachisu dha.

## Barnoota Kudha Shanaffaa: Muslimni martuu Haala (Akhlaaqa) shari'aa godhame qabaachuu

Sanirraa: dhugummaa, Amaanaa, of tiksuu, saalfachuu, gootummaa, arjummaa, waadaa gootuu, waan Rabbiin haraama godherraafagaachuu, ollummaa tolchuu, hanga dandayuun nama barbaadaaf gargaarsa godhuu, haalota Qur'aana fi Hadiisa keessatti shar'aan itti akeekte kan birollee.

## Barnoota Kudha Jahaffaa: Heera Islaamummaatiin heeramuu

Irraa: Salaama (nagaya wal-gaafachuu), fuula toluu, mirgaan nyaatuu fi dhuguu, yeroo waa jalqaban bismillaahi jechuu, yeroo xumuran Rabbiin galatoomfachuu, yeroo haxxifatan Rabbiin galatoonfachuu, nama haxxifate yoo inni Alhamdulillah jedhe kheeyriin kadhachuufii, dhukkubsataa gaafachuu, nama du'e hordofuun awwaaluu, yeroo Masjida seenan adaba shari'aa eeguu, yookiin yeroo mana seenanii fi bahan, yeroo karaa deeman, yeroo abbaa fi haadha ofii waliin jiran, akkasuma firaa fi ollaa wajji, xiqqaa fi guddaa kabajuu keessatti, ammas yeroo ilma argatanii fi fuudha fi heeruma keessatti walii eebbisuu, yeroo namni du'e wal-obsisiisuu, kan birollee Adaba Islaamummaan qabdu uffata dirachuu, baafachuu qophee kaawwachuu faa keessatti.

## Barnoota Kudha Torbaffaa: Shirkii irraa Eeruu fi Akaakuulee Ma'siyaa

Isaanirraa: Torban nama halaakan isaanis: Rabbitti qindeessuu, Falfala, lubbuu takka haqaan malee ajjeesuu, dhala nyaachuu, horoo yatiimaa nyaachuu, yeroo

waraanaa of-duubatti dheessuu, Mu'umintittii gaarii of-tiksituu waan badaan maqaa ballessuu.

Isaanirraa: Abbaa fi Haadhatti jallatuu, ragaa kijibaa kennuu, limaana sobaa, ollaa rakkisuu (azaa godhuu), dhiiga, horoo gurra keessatti nama miidhuu, waan nama macheessu dhuguu, qumaara taphachuu- innis meysara, nama hamachuu, nama dubbiin wal-lolchiisuu, kan biroollee kan kana fakkaatan kana Rabbiin ol-tahe irraa dhoorge fi akkasuma Ergamaan isaa S.A.W irraa dhoorgan.

## Barnoota Kudha Saddeettaffaa: Reeffa nama du'ee qopheessuu, irratti salaatuu fi awwaaluu

Ibsi bal'inaan kunoo: Jalqabarratti Nama lubbuun isaa bahuuf fiixee jirtu tokko nama du'uuf jiru Jecha: Laa ilaaha illallaah isa jechisiisuun karaa godhamee jira. Rasuulli S.A.W akkana waan jedhaniif du'aa keessan laa ilaaha illallah-qabsiisaa.

Muslim sahiiha isaa keessatti odeesse.

Hadiisa kana keessatti du'aa keessan jechuun wanti itti fedhame: nama du'uuf jiru, nama mallattoon du'aa irraa mul'attuu dha. Lamaffaa Yoo duuti isaa mirkanaaye ija isaa cufuuni fi areeda isaa jabeessuu kana keessatti hadiisni waan jiruuf Sadaffaan Muslima du'e tokko dhiquun

dirqama yoo shahiida waraana keessatti ajjeefame ta'e malee yoo Shahiida ta'e hin dhiqamu irratti hin salaatamus, uffatuma dur jiruun awwaalama; Nabiyyichi S.A.W warra lola Uhudii keessatti ajjeefame hin dhiiynes jararrattis hin salaanne Afraffaa Akkaata nama du'e itti dhiqan qaama saalaa isaa dhoksuufii Ergasii garaa isaa suuta jedhee cuunfa yookiin dhiibinsa laafaa dhiiba, Ergasii namni dhiqu suni harka isaatti huccuu xiqqoo (guwaantii) wahii maratee xuraawwaa qaama saalaa nama du'erraa bahu qulqulleessaaf. Ergasii wuduu'a Salaataa godhaaf, Ergasii mataa fi areeda isaa bishaani fi sidrii akkasuma kan biroon haa dhiqu, Ergasii cinaacha mirgaa dhiqa, ittii aansee bitaa, Ammas akkuma kana yeroo lammaffaa fi sadaffaaf dhiqa, Haaluma kanaan namni dhiqu tokko adada dhiquun harka isaa garaa irra dabarsa, yoo waa keessaa bahe ni dhiqa, iddoo sanis waan akka xixiitiin yookiin waan birootiin cufa. yoo hin qabatin dhoqqee hoo'aan, yookiin meeshota hammayyaa , kan akka plastaraa fi kan kana fakkaataniin Ammas irra deebi'ee wuduu'a godhaaf, yoo sadihiin hin qulqullaayin hanga shaniitti itti dabala, yookin hanga torbaa, ergasii huccuun goggoysa, akkasuma urgaawas qaama iddoo dhokataa fi iddoo sujuuda ittiin bu'urratti faa godhaaf, yoo maraayyuu ittiin urgeesse bareeda, ergasii

uffata keefanamuun bukhuuraan urgessa. yoo affarroon areeda isaatii fi kotteen isaa dheeraa taye ni gabaabsaaf, yoo dhiisees rakkoo hin qabu, mataa isaa hin dhahuuf, rifeensa qaama saalaa isaa hin haaduuf, hin kittaanus, kanarratti ragaan waan hin jirreef, dubartii rifeensa ishee bakka sadihitti dhahaniif, duubarratti walitti qabsiisamaaf. Shanaffaa Nama du'e yookin Reeffa keefanuu

Kan irra filatamu dhiirri uffata adii kan qamiisa fi waan maratan amaamaa hin qabne sadi keessatti keefanamuu dha, akkuma Nabiyyichi S.A.W godhanitti- suuta suutan keessa seensifama, yoo qamiisaan akkasuma marxoonii fi fooxaa bal'aan keefanames rakkoo hin qabu.

Dubartiin uffata shan keessatti keefanamti: guftaa, qoloo, marxoo, hansoola lama. Daa'imni ammoo uffata tokkoo hanga sadihii keessatti keefanama, micattiin daa'imnis qamiisa tokkoo fi hansoolaa lama keessatti keefanamti.

Dirqamummaan haqa nama du'eef godhamu hunda keessattuu uffata tokko keessatti dhokfamuu, garuu osoo namni du'e haala ihraama keessa jiruun du'e bishaanii fi sidriin dhiqama, marxoo fi fooxaa yookiin kan birootiinis keefanama, mataa isaatii fi fuula isaa hin haguugamu, akkasuma urgaayaan hin godhamuuf, guyyaa qiyaamaa

talbiyaa jedhaa waan kaafamuuf, akkuma hadiisa sahiha keessatti Rasuularraa S.A.W dhufetti- yoo dubartis taate akkuma kan biroo keefanamti, garuu urgaan hin godhamuuf, fuulli isiis niqaabaan harki isillee guwaantiin hin haguugamu, haa tayuu garuu fuulli isheetii fi harki isii uffatuma keefanamte san jalatti dhokfama, akkuma akkaataa dubartiin itti keefanamtu ilaalchisee ibsametti.

Jahaffaa Dhiquu fi irratti Salaatuu akkasuma awwaaluu nama haqa godhatu

namni dhiquuf,Salaataaf fi awwaaluuf irra haqa godhatu: nama inni dhaamate, ergasii Abbaa, Akaakayyuu, ergasii aanaa fi fira irra itti aanu kuni dhiiraafi.

Dubartii dhiquuf ammoo kan durarratti yaamaman: nama isiin dhaamatte, ergasii haadha, akkayoo, ergasii firaa fi aanaa irra isitti aanan dubartirraa, dhiirsa fi niitiin tokkoon isaanii tokko dhiquun ni tayaaf, Abubakri Ssiddiiq radiyallaahu anhu haadha manaa isaatu dhiqe, akkasuma Aliyyis haadha manaa isaatu Faaximaatu dhiqe.

Torbaffaa Akkaataa nama du'e irratti Salaatan Yeroo Afur Allaahu akbar jedha, Takbiira duraa booda Suuraa Faatihaa qara'a; yoo suuraa gabaabaa yookiin aayatoota takkaa lama qara'e bareeda; Hadiisa sahiiha waayee kanaa

ilaalchisee Ibni Abbas radiyallaahu anhu nuuf odeessef jecha, Ergasii takbiira lammataa godhee salawaata nabiyyicharratti S.A.W buusa akkuma tashahhuda salaataa keessatti jedhutti, ergasii takbiiraa sadaffaa godhee akkana jedha:

اللهم اغفر لِحينا وميتِنا ، وشاهدنا وغائبنا ، وصغيرنا وكبيرنا ، وذَكَرِنا وأنثانَا ، اللهم من أحيَيتَهُ منا فأحيه على الإسلام ، ومن توفيته منا فَتَوَفهُ على الإيمان ، اللهَم اغفر له ، وارحمه ، وعافه ، واعف عنه ، وأكرِم نُزُلَه ، وَوَسع مُدخَلَه ، واغسله بالماء والثلج وِالبرد ، ونقه من الخطايا كما ينقى الثوب الأبيض من الدَنس ، وأبدلهُ دارا خيرا من داره ، وأهلا خيرا من أهله ، وأدخله الجنة ، وأعذه من عذاب القبر ، وعذاب النار ، وافسح له في قبره ، ونور له فيه ، اللهم لا تَحرمنَا أجره ولا تُضِلنا بعده ،

Yaa Allaah! jiraa keenyaaf, du'aa keenyaaf, kan as jiruuf, kan as hin jirreef, xiqqaa keenyaaf guddaa keenyaaf, dhiira keenyaaf dhalaa keenyaaf hundumaafuu araarami, Yaa Allaah! nama nurraa jiraachifte Islaamummaa irratti jiraachisi, nama nurraa ajjeefte (boqachiifte) iimaana irratti boqachiisi.

اللهم اجعله فرطا وذُخْرَا لوالديه، وشفيعاً مُجَابا ، اللهم ثقل به موازينهما ، وأعظم به أجورهما ، وألحقه بصالح سلف المؤمنين ، واجعله في كفالة إبراهيم عليه الصلاة والسلام ، وَقِهِ برحمتك عذاب الجحيم .

Yaa Allaah Araaramiif, rahmata godhiif, dhiifamas godhiif, fayyaa kenniif, keessummummaasaa kabajaa

godhiif, seensa (mana haaraya) isaa bal'isiif, bishaaniin, baradaa fi fixeensaanis isa dhiqi, Balleessaa isaa irraa akkuma huccuun adiin xurii irraa qulqullooytutti isa qulqulleessi. Bakka jireenyaa kan ganda isaa irra caalu bakka buusif, warra warra isaa caalaniin bakka buusif, Jannata isa seensisi, fitnaa qabrii jalaa isa baasi, ibidda azaabaa jalaahis nagaya isa baasi, qabrii isaa bal'isiif ifnanas godhiif. Yaa Allaah! mindaa namicha du'e nun dhoorgatin, isa boodas cinqaan nu hin mokkorin (nu hin jallisin) ergasii takbiiraa afraffaa ni dhageessisa, salaama tokko gara mirgatti garagaluun baafata. adada takbiiraa hundaatiin harka ol-fuudhuun jaalatamaa dha., yoo namni du'e dubartii taye: Yaa Allaah isheef (namittii duuteef) araarami...faa jedhama yoo namni du'e lama tayan akkana jedha: Allaahummagfir lahumaa...itti fufa yoo namni du'e hedduu taye akkana jedha: Allaahummagfir lahum...itti fufa Yoo ammoo daa'ima xiqqaa dursee du'e ta'e bakka du'ii'ii araaramaa kadhatan du'aa'ii armaan gadiitin bakka buusan: Yaa Allaah mindaa si biratti ol kaawamaa fi tikfamaa tahe haadha fi abbaaf godhi, akkasuma manguddummaa si biraatittis awwaatamaa godhi, miizaana dalagaa isaanii ittiin ol-kaasif, mindaa isaanii ittiin guddisiif, mu'imintoota dursanii du'aniin dhaqqabsiisi, wabii

Ibraahiim aleeyhissalaam keessatti taasisi, rahmata keetiin azaaba Jahannam irraa tiksi. sunnaa Imaamtichi cinaa mataa namticha du'eetiin dhaabachuu dha, akkasuma cinaa jidduu dubartiitiin, yoo reeffi irratti salaatamu heddu ta'e dhiirri gara imaamaa aanfama, dubartiin ammoo qiblatti aanti, Yoo isaaniin wajji daa'imni jiraate daa'imni dubartii dura godhama, ergasii dubartii, itti aansuun micattii dubartii daa'imaa, mataan daa'imaa gara mataa namtichaatti kaayama, jidduun dubartii gara mataa namtichaa aanfama, akkuma kana intalti daa'imaa cinaa mataa dubartii godhama, jidduun ishee ammoo cinaa mataa namtichaa, namootni irratti salaatan ammoo hunduu imaama duuba dhaabbatan, yoo tokkoo namaa imaama duuba bakka dhaabatu dhabe tahe imaama cinaa mirgaatiin dhaabatee salaata. Saddeettaffaa Akkaata awwaala nama du'ee kan hereffame yookin shari'aa godhame haga cinaa dhaabbina\hojja nama tokkoo boolla fageessani qotuu dha, lahdiin kallattii qiblaan tahuu qaba, reeffi yoo lahdii sensifamu cinaacha mirgaatini, gudunfaan kafanaas ni hiikkama, irraa hin fudhan akkasuma dhiisan, kan du'e dhiira tahus dubarti fuulli hin banamu, eegana dhagaa bocamaa irra dhaaban, akka cimee dhabatufi biyyee akka irraa ittisu dhoqqeedhan mirrigama, Yoo

dhagaan roga qabu hin argamin boca wahii ykn dhaka ykn muka kanuma biyyee irraa isa ittisu (kaayuun ni dandahama), eegasii biyyee irratti dachaasan, hogguu san akkana jechuun ni jaalatama: Maqaa Rabbiitiin akkasuma karaa Rabbiitirratti, Qabrii hanga taakku takkaa ol-kaasama, yoo haalli mijate xirracha dhagaa caccabaa irra kaayan, bishaanis irratti faffacaafama Namootni nama du'e awwaaluf dhufan qabrii bira dhaabachuun akka kadhataniif karaa godhamee jira/sunnaa dha; Nabiyyichi S.A.W erga nama du'e awwaalanii booda dhaabatanii du'aa'ii godhaafii turan, akkanas jedhu: Obboleessa keessanii araarama kadhaafii, gaafirrattis Rabbiin akka gad dhaabu kadhaafii, amma inni ni gaafatamaa. Saglaffaa Nama salaata janaaza nama du'erratti hin salaatiniif erga awwaalameeyis irratti salaatuun karaa godhamee jira.

Nabiyyichi S.A.W waan akkas godhaniif- haa tahuu sunis jidduu ji'aa yookin sanii gadi keessatti tahuu qaba, yoo waqtiin sanii ol tahe qabrii irratti salaatuun karaa hin godhamne; Nabiyyicharraayis S.A.W awwaala booda ji'arra taree qabrii irratti salaatan jechaan hin dhagahamne.

Kurnaffaa Warri namni irraa du'e namootaaf nyaata godhuun (qopheessuun) hin heyyamamu Jariir binu abdillaah al-bajaliyyi-Rabbi isarraa haa jaalatuu-sahaabichi

jedhamu waan akkana jedheef- Nuti warra namni irraa du'e erga awwaalamee booda mana isaatti walitti qabamnee akkasumas nyaata hojjachuu akka iyyanii booyuu farrisuutti laakkofna. Imaam Ahmad isnaada Sahiiha keessatti odeesse Garuu nyaata isaaniif qopheessuu yookin keessummoota isaanii keessummeessuun rakkoo hin qabu, ollaani fi firoottan warra namni irraa du'eef nyaata akka godhaniif karaa godhamee jira; Nabiyyichi S.A.W yeroo oduun du'a Ja'afar bin Abii xaalib radiyallaahu anhu biyya Shaam irraa bira gahe- warra ofiitiin maatii Ja'afariif nyaata akka qopheessan ajajanii turan, akkanas jedhan: wanti isaan shaagalu (dalagaa fi yaada itti baay'isu) itti dhufee jiraa

Warri namni irraa du'e ollaa ofii waamatuun rakkoo hin qabu, nyaata isaaniif kennamee dhufe irraa waliin nyaatuuf jecha, hanga shari'arraa beeknuun kanaafis yeroon murtaawaan hin godhamne.

Kudha tokkoffaa. Nama du'e irratti guyyoota sadihii ol gufufuun dubartiif hin heeyyamamu yoo dhiirsa isiitiif yookin ulfa jiraatte malee

Dubartiif nama du'e irratti guyyoota sadihii ol gufufni (gadduun) hin heeyyamamuuf yoo dhiirsa isiitirratti tahe malee, yoo namni du'e suni abbaa manaa isii tahe ji'a afurii

fi bultii kudhan gufufti (gadditi), yoo ulfa qabaatte malee yoo kana hanga ulfa deettuuti gufufti; kana keessatti hadiisonni sahiihaa Nabiyyicharraa S.A.W wan raggaasifamaniif jecha.

Dhiirri garuu fira isaa tahinnaa nama biroorrattis gufufuun hin heeyyamamuuf.

Kudha lammaffaa. Dhiiraaf qabrii dhaqee ziyaaruun, du'aa'ii fi araarama nama du'eef kadhachuun akkasumas du'aa fi waan san boodaa yaadachuun waqtii kamuu keessatti karaa godhamee jira. Nabiyyiin nagayaaf rahmanni irratti haabu'u akkana waan jedhaniif Qabrii Ziyaaraa, isiin Aakhiraa ganda irra boodaa isin yaadachiiftii. Imaamu Muslim hadiisa sahiiha keessatti baase, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaabota ofii yeroo qabrii dhaqan maal akka jedhuu qaban barsiisaa turan:

السلام عليكم أهل الديار من المؤمنين والمسلمين ، وإنا إن شاء الله بكم لاحقون ، نسأل الله لنا ولكم العافية ، يرحم الله المتقدمين منا والمستأخرين :

Assalaamu aleeykum Ahla-ddiyari minal-mu'uminiina wal-muslimiin, wa innaa inshaa Allaahu bikum laahiquun, Nas'alullaaha lanaa walakum al-aafiyah, yarhamillaahul mutaqaddimiina minnaa wal-musta'akhiriin.

Dubartootaaf garuu ziyaaran hin jiruuf dhoorgamaa dha; Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam dubartii qabrii ziyaartu abaaranii jiran, ziyaaraa isaanitiin fitnaan akkasuma sabrii obsa dhabuun waan sodaatamuuf jecha, akkuma kana reeffa hordofanii gara qabrii geegessuunis isaaniif hin heeyyamamu; Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam kanarraa waan isaan dhoorganiif jecha, garuu nama du'erratti masjida keessatti yookin iddoo itti salaatamutti irratti salaatuun dhiiraafis dubartiifis karaa godhamee jira.

Kuni xumura Rabbiin waan walitti qabuu isaa naa laaffiseeti

Faaru fi Nageenyi Allaah nabii keenya Muhammadiin, maatii fi saahibban isaanii mara irratti haa jiraatu.

# Index

**BARNOOTA YAACHISAA UMMATA HUNDAAF** ........ **2**

**DUREE** ........ **5**

**BARNOOTA YAACHISAA UMMATA HUNDAAF** ........ **6**

BARNOOTA TOKKOFFAA : SUURAA FAATIHAA FI SUURAWWAN GAGGABAABOO ........ 6

BARNOOTA LAMMAFFAA : UTUBAALEE ISLAAMAA. ........ 6

BARNOOTA SADAFFAA : UTUBAALEE IIMAANAA ........ 7

BARNOOTA AFRAFFAA : QOQQOODAMAA TAWHIIDAA FI QOQQOODAMA SHIRKII ........ 8

BARNOOTA SHANAFFAA: AL-IHSAAN ........ 13

BARNOOTA JAHAFFAA : ULAAGAALEE SALAATAA ........ 13

BARNOOTA TORBAFFAA: UTUBAALEE SALAATAA. ........ 13

BARNOOTA SADDEETTAFFAA: DIRQAMOOTA SALAATAA ........ 14

BARNOOTA SAGLAFFA: IBSA TASHAHHUDAA ........ 14

BARNOOTA KURNAFFAA: SUNNAAWWAN SALAATAA ........ 16

BARNOOTA KUDHA TOKKOFFAA: WANTOOTA SALAATA BALLEESSAN ........ 18

BARNOOTA KUDHA LAMMAFFAA: ULAAGAALEE WUDUU'AA ........ 19

BARNOOTA KUDHA SADAFFAA: DIRQAMOOTA WUDUU'AA ........ 19

BARNOOTA KUDHA AFRAFFAA: WANTOOTA WUDUU'A BALLEESSAN ........ 20

BARNOOTA KUDHA SHANAFFAA: MUSLIMNI MARTUU HAALA (AKHLAAQA) SHARI'AA GODHAME QABAACHUU 21

BARNOOTA KUDHA JAHAFFAA: HEERA ISLAAMUMMAATIIN HEERAMUU ........ 22

BARNOOTA KUDHA TORBAFFAA: SHIRKII IRRAA EERUU FI AKAAKUULEE MA'SIYAA ........ 22

BARNOOTA KUDHA SADDEETTAFFAA: REEFFA NAMA DU'EE QOPHEESSUU, IRRATTI SALAATUU FI AWWAALUU .. 23

**INDEX** ........ **34**

# تنشر الإسلام بأكثر من 100 لغة

موسوعة القرآن الكريم
QuranEnc.com
موسوعة تضم تفاسير وتراجم موثوقة لمعاني القرآن الكريم

موسوعة الأحاديث النبوية
HadeethEnc.com
موسوعة تضم ترجمات للأحاديث النبوية وشروحها بعدة لغات

موسوعة المصطلحات الإسلامية
TerminologyEnc.com
موسوعة تضم ترجمات المصطلحات الإسلامية وشروحها بعدة لغات

منتقى المحتوى الإسلامي
موسوعة تضم المنتقى من المحتوى الإسلامي باللغات

IslamHouse.com
مرجعية مجانية إلكترونية موثوقة للتعريف بالإسلام

جمعية الدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

جمعية خدمة المحتوى الإسلامي باللغات